Malli friin pirojektii ittiin tamsa‘u

- Toora interneetii (www.larima-appear.info)
- Barreeffama gaggabaabaa yeroodhaa yerootti faca‘anitiin afaan nanoottiin qopheesuu
- Maanuwaaloonni leenjii qooda fudhatootaf karaa soofti-koppii fi waraqaadhaan ni raabsamu.
- Karaa workishoopp fi leenjjii adda adda.
- Frii qoranoowwanii joornaalota biyyaaleessaa fi addunywaa irratti maxansiisuu dhaan.

WITH FUNDING FROM
AUSTRIAN DEVELOPMENT COOPERATION

oead‘ appear

Dhabileen hojii kan qindessan
Yunivarsiitii Qabeenya Uumamaa fi Saayinsii Lubbu-Qabeeyyii, Viyeenaa – **Prof. Dr. Wolfraam Graaf** fi **Dr. Ilsee Schwarziinger**
Yunivarsitii Amboo – **Dr. Asaffa kananii Nagaasaa**
Dhaabbata Qorannoo Qonnaa Itoophiyaa (EIAR), Giddugala Biyyaaleessaa Qorannoo Qurxummii fi Lubbu-Qabeeyyii biroo bishaan keessaa – **Dr. Aschaalew Laaqoo Haayilee**

LARIMA

Laggeen Baddaa Itoophiyaa Ittifufiinsaan Kunuunsuu fi Fayyadamuu

Pirojeektiin Laggeen baddaa Itoophiyaa Ittifufiinsaan Kunuunsuu fi Fayyadamuu (LARIMA)n hariroo Itiyoophiyaa fi Ostriiyaa giddutti uumame yenna ta‘u,kaayyoon isas dandeettii humna nama gama hordoffiii qaama bishanii maloota to‘anna amayyatiin ijaruu, tajaajila bishaanii irratti saalaa fi hawaas-dinagdee bu’uureffachuudhaan hubanna uumuu dha.

Projeektiin kun kaayoo armaan gadi kan qabu yoo ta‘u uummatta hirmachisuudhan gagefamaa

- Ragaalee gurguddoo (metadata) wa‘ee bishaanii, ittifayyadama lafaa, haala qilleensaa, albuudoota bishaan keessaa, lubbu-qabeeyyii bishaan keessaa funaananii akka hundi itti fayyadamutti kaa‘uu fi xiinxaluu.
- waa‘ee bishaan baddaa Itoophiyaa irraa maddanii ilaluuf, meeshaa qorannoo amma hojii irra jiran (biomonitoring tools) fayyadamuun sadarkaan qabiyyeen bishanii irra jiru Amaleessuu fi xinxaluu.
- Haala laggeen baddaa Itoophiyaa ittifufiinsaan eeguun fi fayyadamuu danda’amu irratti oddoowwan qorannoo fi leenjiif oolan lama sulula bishanii kessatti hundeessuu.

- Eegumsaa fi fayyadama laggeen baddaa Itoophiyaa ilaalchisee, waa'ee tajaajila bishaanii irratti saalaa fi hawaas-dinagdee bu'uureffachuudhaan odeeffanoo jalqabaa (bu'uuraa) funanuu.

Barbaachisummaafi Bu'aa pirojeektiin kun guddinaaf qabaatu

- Beekumsaafi meeshaalee ammayyaa hordoffiii bishaanii karaa qorannoofi barnoota dhaabbilee barnoota olaanoo keessatti gaggeeffamuu dabarsuu.
- Bu'aawwan qorannoo kunniin ittifayyadamaafi kunuunsaa qabeenya bishaanii irratti sinra barnootaafi malawwan qorannoo fooyyessuudhaaf, adeemsa murteessummaafi beekumsa hawaasaa fooyyessuudhaaf ni oolu

Sababa pirojeektiin kun ogeeyyota garaagaraafi ittifayyadamtoota garagaraa hirmachisuuf, rakkinoota dhaabbileefi hawaasni naannoo itti fayyadamaafi kunuunsa bishaanii irratti qaban gadi-fageenyaan hubtama.

- Malli baayolojikaalawaa waa'ee bishaanii ittiin hubatan amanamaa, baasii-qusataa akkasumas fudhatama waan qabuuf itti fayyadamtonni waa'ee bishaan isanii salphaatti baruu danda'u.

Fayyadamtoota projektichaa

- Istaafiin Yuniversitii Amboo, gama barumsa koorsiiwwanii fi leenjiiwwan gagababotiin.
- Baratootni Itiyophiyaa, karaa Iskolarshiippii OEAD digrii isanii lammafaa fi sadaffaa univarsitii BOKU tti ni hordofu.
- Barattoota digirii lammaffaa Yunivarsiitii Ambootti barataniif deeggarsi maallaqaa fi ogummaa ni kennama.
- Hojjettoonni misoomaa, barsiistonni sadarkaa tokkoffaa, barattoonniifi hawaasni waa'ee eegumsaa fi ittifayyadama bishaanii irratti hubannaa akka qabaatan ni taasifama.
- Ummatni naannoo iddowwan qorannoo hundeffaman sana keessa jiran, bishaan lagaa naannoo isaanii jiranitti haala ittifufiinsa qabuun karaa itti fayyadamuu danda'an irratti hubannoo ni qabaatu.

Carraa dabalataa dubartootaaf uumamaan

Dubartoota baadiyyaa

- Hubannaa wa'ee dhukuboota bishaniin daddarbanii fi attamiin akka fayyaa matii isanii fi hawaasa eegan hubanna ni argatu.
- Faalama bishanii ittisuudhaan bishaan seeraan itti fayyadamuu fi qulqullinan qabuu kan isaan dandeessisu beekumsa ni argatu.

Dubartoota dhaabbilee deeggartootaa keessa jiran

- waa'ee ittifufiiinsaan itti fayyadamu bishaanii irrati beekumsa yaadaa fi gochaa ni argatu
- Karaa workishooppiitii fi leenjii gagababoo garaa garaa beekumsi isanii ni dabala.

Dubartoota dhaabbilee michummaan piroeektii kana waliin hojjetaa jiran keessa jiraniif

- Carraa barnootaa biyya Ostriyaa deemanii barachuu ni argatu.
- Yunivarsiitii Ambootti barumsa digirii lammaffaa kan baratanf deggarsi mallaqa (research grants) ni kennama.